

Waliigaltee fooyessa – ajaja bulchiinsaa

Petition for Modification – Administrative Order

DHIMMI ISAA:

Maatii mit eegduu)

LAKKOOFSA DHIMMAA:

Maatii eegduu)

Qajeelfamawwan

Mallaattoo keetif yoo ta'e malee, deebiiwwan hundaaf qalama cuquleessa yookin gurraacha fayyadami.

WAC 388-14A-3925 akka ati kanneen armaan gadii akka gootuu si gaafata:

1. Hamaa deeggarsa daa'imaa dhiyaate (haaraa) galchi.
2. Sababa gaaffii kee ittiin fooyyessite ibsi.
3. Guca irratti mallatteessi.

Ati dirqama ragaalee fuula 2^{ffaa} guca kanaa irratti tarreeffaman uutte gara DCS deebisuu qabda.

YAADANNOO: Yoo ati guca kana irratti gochaalee barbaachisan hunda guutuu baatte, abbaan seeraa seera bulchiinsaa (ALJ) tarii waliigaltee kana ni gata ta'a.

Waliigaltee

Ani, _____, akka Kutaa Deeggarsa Daa'immanii (DCS) fi qaamoleen armaan olitti ibsamana ajajni deeggarsa daa'imaa kiyya maalif fooyya'uu akka hin qabne akka qajeelchu biiruu bulchiinsa yaada qaban ibsachuu nan gaafadha. Ajajni deeggarsa daa'imaa bulchiinsaa kiyya kan gale gaafa guyyaa _____ ture.

Hammi deeggarsa daa'imaa dhimma kanaa kan yeroo ammaa ji'a ji'aan \$_____ akka ta'e ani nan amana

Ani sababa armaan gaditti ibsameef hammi deeggarsaa yeroo ammaa akka fooyya'e nan amana :

Ulaagaalee dabalataa fi kutaa mallattoo keetif fuula 2 fi 3 ilaali.

Beekanii yookin amananii fudhachuu

Ani kanneen armaan gadii hubadhee jira:

1. Ulaagaa fooyyeessuu ajaja RCW 74.20A.059 keessa jiru yoo guutuu baate DCS waliigaltee kana ni morma.
2. Ajajni kiyya amma kennamtoota isaan kanneen yoo qabaachuu baate, DCS kennamtoota ajaja kiyya keessaa tokkoon tokkoon maatii uwwisa inshuraansii fayyaa daa'immaniif barbaachisu yoo uwwisni amma ta'e yookin qacarrii yookin yuuniyanii keessa dhufee kan argamu ta'e fi inshuraansiin filatamaan dirqama deeggarsa maatii keessaa parsantii 25 kan hin caalle yoo ta'e akka galchu ALJ ni gaafata. Daa'imman ulaagaa tajaajilawwan fayyaa Hidii (Indian Health Services) kan guutan yoo ta'e, DCS ulaagaan kun akka guutametti ni fudhata. Haalota muraasa keessatti dirqii kana tarii ni dirqisiisa ta'a. Maatiin dirqisiifames uwwisa argatamuu danda'uu daa'immanii DCS fi maatii isa biraatif guyyaa ajajni deeggarsa daa'ima yeroo dhumaatif galii itti ta'e irraa kaasee guyyoota 20 keessatti dirqama mirkaneessuu qaba. Maatiin dirqisiifame yoo mirkaneessa uwwisaa kennuu baate, ajaja dursi kennamuutin kanneen armaan gadii keessaa isa tokko raawwachuun akka inshuraansii fayyaa kennuuf maatiin dirqisiifame dirqii galmaan ga'uuf jecha ni gaafatama:
 - a. Uwwisa inshuraansii fayyaa qacarrii maatii yookin yuuniyanii dirqiin irratti gatamee gatiin isaa dirqii deeggarsa daa'ima bu'uraa maatii dirqisiifame irraa parsantii 25 akka hin caalle dabaluu yookin keessa galchuu.
 - b. Ga'ee madaalamaa maatii dirqisiifameetif ga'ee filatamaa ji'a ji'aan maatii isa biraatin uwwisa inshuraansii fayyaa daa'ima maqaan isaa ajaja deeggarsaa irratti kaa'ameef buusuu, kan dirqii deeggarsa daa'ima bu'uraa keessaa parsantii 25 hin caalle.
3. Ani, sababii fooyyessi itti gaafatame dabalatee fi guca kana irratti mallatteessee dirqama hamma deeggarsa daa'ima adda ta'eef gaafachuun qaba. Kun yoo ta'uu baate, DCs waliigaltee kiyya adeemsisuu hin danda'u.
4. Ani galmeewwan armaan gadii DCS biratti nan kaa'a.
 - a. Guca waliigaltee guuttame kana..
 - b. Wakshiitiiwwan **Sagantaa Deeggarsa Daa'ima Mootummaa Washigton (Washington State Child Support Schedule)** guuttaman.
 - c. **Yoon ani maatii daa'ima ta'e**, mirkaneessa galii (haftee kaffaltii, deebii taaksii irraa, fi kkf.)
5. Ani ragaalee armaan olii dirqama teessoowwan armaan gadiitti nan erga yookin biiroo DCS dhimma kiyya qabee jiruuf qaaman nan geessa.

DIVISION OF CHILD SUPPORT
PO BOX 11520
TACOMA WA 98411-5520
6. Yoon ani ragaalee armaan olii DCS dhaaf kennuu baadhe, ALJ waliigaltee kiyya ni gata ta'a.
7. Yoon ani teessoo kiyya jijjiirradhe dirqama DCS dhaaf nan hima.
8. Jijjiirama uwwisa inshuraansii fayyaa daa'ima kiyyaa kam iyyuu dirqama ani DCS dhaaf nan hima.
9. DCS hojmaata kana keessatti ajaja deeggarsaa daa'ima kiyyaatiif ana yookin qaama biraa bakka hin buusu.
10. Yoon ani sagantaa yaada qaban ibsachuu irratti argamuu yookin hirmaachuu baadhe, ALJ waliigaltee kiyya ni gata ta'a.
11. Yoo qaamni biraa ajaja kiyyaaf sagantaa yaada qaban ibsachuu irratti yoo hirmaachuu baate, ALJ tarii kanneen armaan gadii ni godha ta'a:
 - a. Gaaffii DCs dhaan Yookin qaama biraa beeksisa dabalataain ala dhiyaatun ka'uuf ni deebisa.
 - b. Hamma deeggarsaa hamma waliigaltee kana irratti kaa'ame irra caale yookin xiqqaatef qajeelfama kenna.

Beeksisa Maatiilee Lachaniif

Tarii ALJ:

1. Uwwisni inshuraansii fayyaa daa'immaniif barbaachisu yoo uwwisni amma ta'e yookin qacarrii yookin yuuniyanii keessa dhufee kan argamu ta'e fi inshuraansiin filatamaan dirqama deeggarsa maatii keessaa parsantii 25 kan hin caalle yoo ta'e maatiileen lachanuu daa'imaaf inshuraansii fayyaa akka kennan qajeelfama ni kenna.
2. Baasiwwan meedikaalaa inshuraansii hin qabneef maatiileen lachanuu ga'ee madaalamaa akka kaffalan qajeelfama ni kenna, kaffaltiiwwan, hir'ifamtoota fi qaama ga'ee madaalamaa inshuraansii filatamaa meedikaalaa tajaajila **Notice of Support Owed** dhaan hin dirqisiifamne dabalatee, qajeelfama ni kenna.
3. Yoo maatiin daa'immaniif uwwisa inshuraansii fayyaa akka kennu ajajame mirkaneessa uwwisa bira ga'amuu danda'u hin kennine qajeelfama ni kenna, DCS tarii kanneen armaan gadii akka dursa argachuu isaatti dhiyaate ni raawwata ta'a:
 - a. gara mindeessaa yookin yuuniyanii akka karoora RCW 28.18.170. jalatti ibsameen daa'imman karoora inshuraansii fayyaatif akka galmeessisan mindeessaa yookin yuuniyanii beeksisa erguu.
 - b. Beeksisa ga'ee madaalamaa maatii dirqisiifameetif ga'ee filatamaa ji'a ji'aan maatii isa biraatin uwwisa inshuraansii fayyaa daa'ima maqaan isaa ajaja deeggarsaa irratti kaa'ameef tajaajiluu, kan dirqii deeggarsa daa'ima bu'uraa keessaa parsantii 25 hin caalle
4. Yoo maatiin dirqisiifame uwwisa inshuraansii fayyaa bira ga'amuu danda'uuf yookin uwwisa mindeessaa maatii yookin yuuniyanii keessa argamuu danda'uuf daa'ima galmeessisuu baate, DCS akka RCW 26.18.170. jalatti kaa'ameen tarii deeggarsa meedikaalatiif maatiilee dirqii qaban ni dirqisiisa ta'a.

Waadaa galuu

Ani seerota Mootummaa Washington jalatti adabbii kijiba dubbachuu jalatti kanneen ani kenne hundi dhugaa ta'uu isaanii nan mikaneessa.

Ati dirqama guca kana mallatteessuu qabda

GUYAAYAA

MALLATTOO KIYYA

L. S. P YOOKIN TEESSOO DAANDII

MAQAA ABUKAATOO YOOKIN BAKKA BU'AA KIYYAA

MAGAALAN KIYYA MOOTUMMAA ZIP KOODII

TESSOO ABUKAATOO YOOKIN BAKKA BU'AA KIYYAA

() ()
LAKK. BILOBILA MANAA LAKK. BILBILA MOBAAYILII

MAGAALAA, MOOTUMMAA FI ZIP KOODII ABUKAATOO YOOKIN BAKKA BU'AA KIYYAA

() ()
LAKK> BILBILAA IDDOO HOJII LAKK> BILBILAA ERGAA

()
LAKK. BILBILAA ABUKAATOO YOOKIN BAKKA BU'AA KIYYAA

()
LAKK. FAKSII

YEROO ANAAF BILBILUUF MIJAAWAA TA'E

LAKK. ANI WAA IBSACHUUF FILADHU

Namni kam iyyuu sababii Gosa, bifa, biyya dhalootaa, ilaalcha, amantaa, saala, umurii, yookin qaama miidhamaa ta'uu isaatin kan ka'e hojjetaa ta'ee qacaramuu, tajaajilawwan, yookin kallattii gochaalee sagantichaa kam iyyuu irraa addaan hin baafamu. Yoo barbaachisaa ta'e guca kana formaatii filannoo biraatin argachuun ni danda'ama.